International Training Program (ITP)

# Hariiroo namaa-fi-loonii Hawaasa Qonnaan Bultoota Itiyoophiyaa Biratti: Qonna-Sangaa kan Aadaa Qo' achuun

—Afaan Oromoo, Yunivarstii Finfinnee, Itiyoophiyaa, Semisteerii (e.g. 17.December 2007 - 17 March. 2008)—

Year of Enrollment: 2007
Graduate School of Asian and African Areas Studies
Toshikazu Tanaka

## On My research theme

Ummani giddu-galeessa baddaa Itiyoophiyaa keessa jiraatu haalli jireenya isaa kan inni hundaa'ee qonna aadaa irratti, keessumattuu looni horsiisuu waliin kan wal-qabatedha. Ummanni looni (sangoota) hojii qonnaaf baayyeetti fayyadama. Qonni-sangaa naannoo kanatti hoomisha midhaaniif kan of-danda'e dha, maasaan (oyiruu) qonnaa xiqqaa ta'us. Kanaaf, Naannoo kanatti, looni qonnaaf akka qabeenya baayyee barbaachisaatti ilaalamu. Looni fayidaa adda-addaa qabu. Looni haalli jireenyaa kan irratti hundaa'e faayidaa kan armaan gadii kennu,isaanis:1) Dikee midhaan hoomishuuf ta'u kennu (phooto 1) 2) Nyaata kennu kan akka aannanii, foonii (phooto 2), fi kkf, 3) Qonnaa fi baraayiif (miidhaan sukkuumuu) fayyadu (phooto 3), 4) Wayitii barbaachisaa ta'e akka madda galiitti ni fayyadu. Looni haala qabeenya namaa (dureessummaa) ibsuuf akkasumas akka kabaja qonnaan bultootaattilee ni ilaalamu.



phooto 1 : Dikee maasaa caattii buusan



phooto 2 : Fooni qoodmaf qophaee jru mudhissa



phooto 3 : Horiidhan midhaan dhauu

Kaayyoon qo’annoo kanaa haala qonna-sangaa kan aadaa giddu-galeessa baddaa Itiyoophiyaa karaa saayinsii qonnaa, afoolaa fi Antroopoolojii naannootiin qayyabachuuf. Qo’annichi hariiroo namaa-fi-loonii naannoo kanatti karaa adda-addaa irratti xiyyeeffata.

Qo’annoon kun haala walii-galaa beekumsa naannoo fi tekinoolojii qonnaa kan naannoo, akkasumas hariiroo namaa-fi-loonii karaa hirmaatanii ilaaluu (participant observation) ta’a.

Qo’annoo kana keessatti hirmaatanii ilaaluu (partcipant observation), namoota haasofsiisuu (interview), fi taggaa matilee filataman irraa funaanuutu (household survey) gaggeeffama. Ragaalee gosa sadiitu funaanama.

1) Ragaalee haala horsiisa loonii kanneen akka: Sa’a elmuu, kolaasuu, dheeda loonii, fi kkf, funaanama. Akkasumas, ijaarsa dallaa loonii (moonaa), dhukkuba looniii, guddina loonii, fi ulfina looniitu safarama.
2) Ilaalcha tekinoolojii qonnaa fi raawwii qonnaan, ragaalee hojii qonnaa, gosa midhaan facaafaman, midhaan galchan, kalanderii qonnaa, fi kkf. funaanama.
3) Ilaalcha seenaa, antroopolojii fi afoolaan, haalli jijjiirama tekinoolojii qonnaa,gamtaahojjettootaa naannoo fi haaka qabiyyee looniitu qo’atama.